Yaadannoo Gabaabaaa Barnoota Afaan Oromoo

Kutaa 8ffaa Seemisteera 2ffaa

Biiroo Barnootaa Oromiyaatti Daayirektooreetii

Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa

Qopheessaan- Abdiisaa Gannatii

Bil. 0924560690

Bitootessa, 2012

Finfinnee

BAAFATA

Seensa 2
Jecha Afaan Oromoo Barreessuufi Dubbisuu 3
Shaakala 1 6
Sirna Tuqaalee 7
Shaakala 2 10
Shaakala 3 12
Shaakala 4 14
Shaakala 5 15
Shaakala 6 16
Keeyyata Barreessuu 17
Shaakala 7 19
Bamaqaa (Maqdhaala) 19
Shaakala 8 20
Shaakala 9 21
Hima 21
Shaakala 10 22
Shaakala 11 24
Shaakala 12 26
Gaalee 26
Shaakala 13 28
Faayidaa Qubee Guddaa 28
Shaakala 14 29
Jechama 30
Shaakala 15 31
Garee Jechootaa 31
Shaakala 16 33
Shaakala 17 34
DEEBII SHAAKALOOTAA 36

Seensa

Qabiyyeen barnootaa gulantaa barnootaa kamiifuu qophaa'u tokko barumsichaa xumuruuf yeroo hammam akka fudhatuufi umrii barattootaa ilaalcha keessa galchuun kan qophaa'udha. Sirni barnootaa akka naannoo keenyaatti gulantaa barnootaa hundaaf qophaa'ee baru-baesiisuun geggeeffamaa jiraachuun isaa nibeekama.

Haata'u malee, weerara Koovid-19 (Vaayiresii Koronaa) bara kana biyya keenyaafi addunyaa guutuutti uumame irraan kan ka'e naannoo keenya keessatti barumsi sadarkaa tokkoffaafi sadarkaa lammaffaa turtii ji'a tokkoo gadi hintaaneef akka addaan citu tahee jira. Kun immoo, qabiyyee barnootaa yeroon xumuruu irratti dhibbaa guddaa waan geesisuuf Biiroon Barnootaa Oromiyaatti Daayirektooreetii Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa kitaaba barnootaa amma hojiirra jiru bu'uura godhachuun yaadannoo gabaabaa (Quick Reference) qopheessee jira.

Haaluma kanaan, rakkoo kana furuudhaaf, yeroo hafe keessatti xumuruun akka danda'u Biiroo Barnootaa Oromiyaa qabiyyee barnootaa jiru bifa gabaabaa taheen cuunfuun dhiyeessee jira. Kanaafuu, yeroo gabaabduu nu hafte kana keessatti xumuruun akka danda'amu manneen barnootaa haala qabatama mana barumsaa isaaniin walsimsiisuun yaadannoo gabaabduu ka'umsaaf qophaa'ee ergama kana kitaaba barattootaan wal bira qabuun/ walsimsiisuun itti fayyadamuun barbaachisaa taha.

Kana malees, barattoota qorumsa naannoofi biyyoolessaa fudhataniif xiyyeffannoo addaa kennuun deeggaarsi addaa godhamuufii qaba. Dabalataanis, yaadannoo BBO irraa ergame biratti dabalataan barsiisonni yaadannoo adda addaa barattootaaf qopheessuun barattoonni akka shaakalan gochuun dhimma murteessaadha.

Jecha Afaan Oromoo Barreessuufi Dubbisuu

Jechi qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu irraa ijaarama. Jechoonni qubee dubbifamaafi dubbachiiftuurraa ijaaraman haala garaagaraatiin dubbifamu. Jechoonni tokko tokko yommuu dubbifaman sagaleen isaanii nidheeratu. Jechoonni kaan immoo nigabaabbatu. Jechoonni biroon immoo nijabaatu. Kaan immoo nilaafu.

Walumaagalatti, jechi tokko yommuu dubbifamu sagaleen kan gabaabbatu yookaan kan dheeratu akkasumas sagaleen kan jabaatu yookaan kan laafu qubee dubbifamaafi dubbachiiftuu jecha tokko keessa jirutu murteessa.

i. Jechoota Sagalee Jabaa Qaban

Jecha tokko keessatti (gidduu jechaatti) qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama walitti aananii yoo barreeffaman jechichi yommuu dubbifamu sagaleen nijabaata. Kana jechuun, jecha tokko yommuu dubbannu bakka sagaleen jabaatutti qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama walitti aananii barreeffamu.

Fkn.

ba**tt**ee, bu**bb**ee, baa**qq**ee, ha**ww**ii, ho**ff**aa, Mu**dd**e, mo**gg**aa, ba**tt**ee, ga**nn**a, bo**bb**aa, ha**tt**uu, lu**kk**uu, li**xx**e, qixxee, ho**jj**aa, fa**yy**aa, sa**mm**uu, hu**rr**aa kee**ss**a, ha**rr**ee, ma**dd**a, gu**bb**aa, so**dd**aa, ga**dd**a, ba**dd**aa, du**bb**ii, yee**yy**ii, …..

Jechoota armaan olii yommuu dubbisnu bakka qubeen gurraacha'ee barreeffamett sagaleen nijabaata. Kanaafuu, jabinni sagalee jecha tokko keessa jiru qubee dubbifamaa waliin walqabata jechuudha.

ii. Jechoota Sagalee Laafaa Qaban

Jecha keessatti (gidduu jechaatti) qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama walitti aanee yoo hinbarreeffamne yommuu dubbifamu sagaleen nilaafa. Kana jechuun, jecha yommuu dubbannu bakka sagaleen hinjabaannetti yommuu barreessinu qubeen dubbifamaa akaakuu tokko lama ta'ee walitti aanee hinbarreeffamu jechuudha.

Fkn hate, gate, muka, luka, jala, same, gale, saba, ija, wace, bade, hafe, muge, dhuka, mala, lama, mana, haqa, bara, isa, bute, lixe, ure,

Jecoota armaan olii keessatti qubeewwan dubbifamoo gidduu jechaatti argaman hundi yommuu dubbifaman nilaafu; hinjabaatan jechuudha. Kanaafuu, laafinni sagalee qubee dubbifamaa waliin walqabata jechuudha.

Yaadannoo:

Laafinniifi jabinni sagalee jecha tokko keessa jiruu jijjiirama hiikaa fiduu nidanda'a. Kana jechuun, gidduu jechaatti sagaleen dubbifamaa akaakuu tokkoo lama walitti aanee barreeffamuufi barreeffamuu dhiisuun jijjiirama hiikaa fiduu danda'a.

Fkn

a) ha**m**ate - bakka namni tokko hinjirretti waa'ee nama sanaa odeessuu jechuudha hiikni isaa

ha**mm**ate–harka lamaaniin ofitti qabatee itti marame

b) qa**ll**ate – huqqate, furdinni isaa hir'ate jechuudha.

qa**l**ate – waan qara qabuun ajjeesee gogaa irraa baasee foon baafate jechuu ta'a.

c) so**dd**aa – warra intala walirraa fuudhan yookaan walitti heerumsiisan

so**d**aa– waan tokko sodaatanii dhiphachuu

iii. Jechoota Sagalee Gabaabaa Qaban

Jecha keessatti jalqaba, gidduu yookiin dhuma jechaarratti qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokko lama walitti aanee yoo hinbarreeffamne yommuu dubbifnu sagaleen nigabaabbata . Kana jechuun, yommuu dubbannu sagaleen kan gabaabbatu yoo ta'e wayita barreessinu qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo lama walitti aananii hinbarreeffaman. Qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo tokko qofatu barreeffama jechuudha.

Fkn gama, soba, mucha, isa, jecha, saba, lafa, lama, sagal, tokko, soba, quba, afur, mana, qofa, muka, luka, shan, laga, gola, qara, rirma, jirma, same

Akkuma fakkeenya armaan oliirraa hubachuun danda'amutti jalqaba gidduufi dhuma jechaarratti qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo lama ta'ee walitti aanee

hinbarreefamne. Yommuu dubbifnus sagaleen nigabaabbata. Kanaafuu, gabaabinni sagalee jecha tokko keessa jiruu qubee dubbachiiftuurratti hundaa'a jechuudha.

iv. Jechoota Sagalee Dheeraa Qaban

Jecha keessatti jalqaba, gidduu yookiin dhuma jechaarratti qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo lama walitti aananii yoo barreeffaman yommuu dubbifamu sagaleen nidheerata. Kana jechuun, jecha tokko yommuu dubbannu bakka sagaleen dheeratutti wayita barreessinu qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo lama walitti aananii barreeffamu jechuudha.

Fkn: raafuu, roobii, waadaa, hoolaa, goodaa, baaduu, gaaduu, baaccuu, yaaduu, laafaa, qaaquu, hooquu, saaguu, dheeduu, jooruu, xuuxuu, tuullaa, mooraa, booree, waadaa, wiixaa, yuusuu, teellaa, naasuu aadaa,

Jechoota armaan olii keessatti bakka qubeen dubbachiiftuu akaakuu tokkoo lama walitti aananii barreeffamanitti yommuu dubbifamu sagaleen nidheerata.

Yaadannoo

Jecha tokko keessatti dheerinniifi gabaabinni sagalee hiika jecha sanaa jijjiiruu nidanda'a. Kanaafuu, yommuu barreessinu bakka dheeratutti dheeressuun barbaachisaadha; bakka gabaabbatuttis gabaabsinee barreessuun hiika barbaadadame akka kennu godha.

Fkn.

a) G**aa**ra- lafa olka'aa ykn tulluu
   Gar**aa** – qaama namaa/ qaama bineeldaa
b) Q**oo**da – gahee/ hiree
   Qod**aa** – meeshaa
c) L**a**f**a**- dachee
   L**aa**f**aa**- kan jabaataa hintaane
d) B**aa**llaa- muka dame lama qabu
   B**a**laa- rakkoo/dhibee
e) D**aa**ree- uffata dhabe
   D**a**ree- kutaa/gola

f) G**oo**ba – dalluu
   G**o**baa –kan qara qabu, kan waraanu
g) Quufa –waan beela ofkeessaa hinqabne
   Qufaa – utaalloo
h) Saame –hate
   Same =-shame
i) Dhibee –dhukkuba
   Dhiibe –achi bute (siiqse)

Shaakala 1

Bakka duwwaa himoota armaan gadii jecha sirrii tahe filachuun guuti.

1. Dandii konkolaataarra taphachuun _____namarraan gaha. (baala, balaa)
2. Abbootiin keenya _____irraa dawaa qopheessu. (ballaa, baala)
3. Nama intala ofii itti heerumsiisan _____jedhanii waamu. (soddaa, soda)
4. Qabeenya abbeera isaa hattuutu jalaa _____. (same, saame)
5. Dhadhaa _____ nyaachun natti hintolu. (same, saame)
6. _____xaafiin irra faaca'u irr deddeebi'uun qotanii qopheessuun gaariidha. (laafaa, lafa)
7. Caalaan ijoollee isaaf uffatabitee _____baase. (daaraa, daara)
8. Mukni gubatee _____tahe. (daaraa, daara)
9. Fuduraa hinbilchaanne nyaachuun dhukkuba _____namatti fida. (gaara, garaa)
10. _____Cilaaloo irra dhaabatanii yoo gadi ilaalan oyiruu qamadiin irra faca'e hedduutu namatti mul'ata. (gaara, garaa)
11. Tolaan nama isa bira hinjirre _____. Gochi akkasii aadmale. (hammate, hamate)
12. Tolaan abbaa isaa harka lamaan ofitti qabee _____.(hammate, hamate)
13. Namoonni sangaa bitatanii _____. (qallatan, qalatan)
14. Daa'imman soorata madaalawaa waan dhabaniif ___. (qallatan, qalatan)

Sirna Tuqaalee

Sirni sirna tuqaalee barreeffama keessatti mallattoo baay'ee barbaachisoo ta'anidha. Barreeffama keessatti sirna sirna tuqaalee bakka sirrii ta'etti fayyadamuun murteessaadha. Bakka sirrii ta'etti fayyadamuu dhiisuun garuu hiika barreeffamni sun qaburratti dhiibbaa geessisa. Bakka malee fayyadamuun ergaan barbaadamu sun sirriitti akka hindarbine godha. Kanaafuu, barreeffama barreessinu keessatti sirna sirna tuqaalee bakka sirrii ta'etti fayyadamuutu nurraa eegama.

Barreeffama keessatti sirna tuqaalee armaan gadii yeroo baay'ee itti fayyadamna. Isaanis, tuqaa (.), mallattoo gaaffii (?), qooduu (,), raajeffannoo (!), mallattoo waraabbii (" "), hammattuu (( )), buufata xiqqaa (;), tuqlamee (:) fi kkf….

Kanatti aansuudhaan mallattoolee kanneen yoomiifi eessatti akka fayyadamnu haa ilaallu.

1. **Tuqaa (.)**

   Tuqaa hima (barreeffama) keessatti bal'inaan itti gargaaramna. Tuqaa bakka armaan gadiitti fayyadamna.

   a. ***Dhuma hima himamsaarratti galuudhaan yaadni sun xumuramuu agarsiisa.*** Fkn.

   - Leenci bosona keessa jiraata.
   - Magaalaan Finfinnee handhuura Oromiyaa keessatti argama.
   - Lubbu qabeeyyiin hundi bishaan malee jiraachuu hindanda'an.
   - Afaan ofii eenyummaa ofiiti.
   - Dhibeen vaayiresii koronaa namoota hedduu galaafataa jira.

Akkuma fakkeenya armaan olii kanarraa hubannutti tuqaan dhuma himaarratti galee argama. Himoonni kunniin hundi isaanii himamsadha. Kanaafuu, himoota kanneen dhumarratti galuun yaadini himichaan darbu xumuramuu agarsiisa.

   b. ***Tuqaan jecha tokko kottoonfachiifnee ykn gabaajessinee barreessuuf fayyada.***

Fkn.

- Bilbila_____bil.
- Hubachiisa_____ hub.
- Biiroo Barnootaa Oromiyaa___ B.B.O.
- Fulbaana_____Ful.
- Fakkeenya_____Fkn.

Fakkeenya armaan olii keessatti tuqaan jecha kottoonfachiisuuf ykn gabaajessinee barreessuuf fayyadamna.

2. Qoodduu (,)

Qoodduun mallattoo barreeffama keessatti yeroo baay'ee itti fayyadamnudha. Barreeffama keessatti mallattoo kana bakka sirrii ta'etti gargaaramuu baannaan hiika ykn ergaa barreeffamichaatu daba. Barreeffama keenya yommuu dubbisnus bakka mallattoon qoodduu argamu bira wayita geenyu hafuura baafanna. Akka waliigalaatti qoodduun tajaajila armaan gadii niqabaata.

a. Wantoota hima tokko keessatti tarreeffaman addaan baasuuf tajaajila.

Fkn.

- Kutaa 8ffaa keessatti akaakuu barumsaa Afaan Oromoo, Herrega, Afaan Ingilizii, Fiiziksiifi kkf… baranna.
- Burtukaanni, muuziin, paappaayyaan, loomiifi maangoon fuduraaleedha.

b. Guyyaafi bara addaan baasuuf tajaajila. Kana jechuun, hima tokko keessatti guyyaafi bara ibsuu yoo barbaanne qoodduu jidduu galchuudhaan addaan baafna.

Fkn.

- Gaaddisaan Caamsaa 20, 1983 dhalate.
- Boontuufi Dibaabaan Amajjii 25, 2003 cidha gaa'eelaa isaanii raawwatan.

Yaadannoo

Hima keessatti guyyaafi bara gidduutti jecha 'bara ' jedhu yoo galchine mallattoo qoodduu fayyadamuun hinbarbaachisu.

Fakkeenyaaf, hima tokkoffaa keessatti 'Gaaddisaan Caamsaa 20, 1983 dhalate.' kan jedhu keessatti bakka mallattoo qoodduutti jecha 'bara ' jedhu galchuu nidandeenya.

Fkn.

- Gaaddisaan Caamsaa 20 bara 1983 dhalate.
- Boontuufi Dibaabaan Amajjii 25 bara 2003 cidha gaa'eelaa isaanii raawwatan.

c. Ciroo hirkataafi ofdanda'aa addaan baasuuf tajaajila.

Fkn.

- Tolasheen waan sirriitti qo'atteef, qabxii gaarii argatte.
- Osoon koochoo qabaadhee, akka allaattiittan balali'a.
- Waan qarshii argateef, konkolaataa bitate.

Yaadannoo

Himni tokko ciroo ofdanda'aatiin kan jalqabuufi ciroo hirkataan dhumarratti kan dhufu yoo ta'e ciroo hirkataafi ciroo ofdanda'aa gidduu qoodduu galchuun hinbarbaachisu.

Fkn.

- Qabxii gaarii argatte Tolasheen waan sirriitti qo'atteef.
- Akka allaattiittan balali'a osoon koochoo qabaadhee.
- Qarshii koo seeraan itti fayyadama ani osoon si ta'ee.

d. Walqabsiistuu yaada hima ofdanda'oo lama walqabsiisuuf gale booda gala.

Fkn.

- Tolaan sirriitti qu'ate. Kanaafuu, kutaa isaa keessaa tokkoffaa ba'e.
- Barana roobni sirriitti robe. Waan kana ta'eef, oomisha gaariitu eegama.

e. Maqaa duraan ibsame daran ibsuuf yaada barreeffame addaan baasuuf tajaajila.

Fkn.

- Aadde Gaaddiseen, barsiistuun Afaan Oromoo, magaalaa Gindhiiritti dhalatte.

- Tolaa, hiriyaan Badhaasaafaa, naaf waami.
- Obbo Dagaagaan, dura bu'aan mana barnootaa keenyaa, gorsa cimaa nuuf kennan.
- Obbo Dagaagaa, dura bu'aa mana barnootaa keenyaa, naaf waami.

f. Mallattoo waraabbii dacha duraafi keessa gala.

Fkn.

- Tolaan, "Maqaan kee eenyu?" jedhee na gaafate.
- Caalaan, "Ani Afaan Oromoo barachuun jaalladha," naan jedhe.

Shaakala 2

Himoota armaan gadii keessatti mallattoo qoodduu bakka barbaachisutti galchuun irra deebii barreessi.

1. Kitaaba dabtara kobbiifi galmee jechootaa abbaa kootu naaf bite.
2. Obbo Tolasaan harroota re'oota hoolota lukkuuwwaniifi faradoo horsiisa.
3. Isheen Onkoloolessa 19 2005 eebbifamte.
4. Adaabbaa Dodolaa Kokkosaa Nansaboo Kofaleefi Qoreen aanaalee godina Arsii Lixaa keessatti argamanidha.
5. Finfinneerraa kaanee gara Dambidoolloo yommuu deemnu magaalota Amboo Geedoo Baakkoo Naqamteefi Gimbii keessa qaxxaamurra.
6. Inni Hagayya 24 1998 dhalate.
7. Inni waan ciminaan hojjateef qarshii baay'ee argate.
8. Barumsa malee guddachuun hindanda'amu. Kanaafuu lammiin keenya hundi haa baratu.
9. Aadde Kuulaniin adaadaan Lalisee daldaltuu beekamtuudha.
10. Tolaan " Ani boru hindhufu" jedhe.
11. Yoo jabaatanii hojjachuu baatan iyyummaan nama dhaalti.
12. Afaan koo eenyummaa kooti. Waan kana ta'eef kunuunsuufi guddisuun dirqama kooti.
13. Inni sagantaa baafatee waan qu'ateef barumsa isaatti qaxalee ta'e.

14. Baacaan " Afaan Oromoo barachuun natti tola" jedhe.

15. Magarsaa Tolaa Waariyoo Tulluu Guutaafi Badhaaneen barattoota kutaa 8ffaati.

3. Mallatto Gaaffii (?)

Mallattoon gaaffii sirna tuqaalee barreeffama keessatti yeroo baay'ee itti fayyadamnudha. Mallattoon kun dhuma hima gaaffii ta'eetti gala. Kana jechuun, dhuma hima deebii barbaadu tokkootti gala jechuudha.

Fkn.

- Boru gara Adaamaa dhaqxaa ?
- Yoom galta?
- Ati eessa jiraatta?

Hima keessatti jechoonni gaaffii kanneen akka Yoom ? Eessa ? Akkamitti ? Eenyu ? Kam ? fi kkf.. jiraachuu nidanda'u. Yoo jechoonni gaaffii jiraatan, sagaleen dhuma jecha dhuma himichaarratti argamu nigabaabbata.

Fkn.

- Tolaan *eessatti* dhalate?
- Ati *eenyu* waliin deemta?
- Magaalaan Booree godina *kam* keessatti argama?

Himoonni armaan olii jechoota gaaffii ofkeessaa qabu. Sagaleen jecha dhumaa himichaarratti argamus nigabaabbata.

Karaa biraatiin, hima gaaffii ta'e keessatti jechoonni gaaffii yoo hinjiraanne sagaleen jecha dhuma himaarratti argamu nidheerata.

Fkn.

- Boru Adaamaa nidhaqxaa?
- Aadaa kee nikabajjaa?
- Laga Waabee argitee beektaa?
- Barumsi hundee guddinaa akka ta'e beektaa?

Himoonni armaan olii jechoota gaaffii ofkeessaa hinqaban. Kanaafuu, sagaleen dhumaa jecha dhuma himaarratti argamu nidheerata.

4. Mallattoo Raajeffannoo (!)

Mallattoon raajeffannoo dhuma hima dinqisiifannaa ykn rifaatuu ykn hawwii ykn dhaadannoo agarsiisutti gala.

Fkn.

- Ashuu ! Baga nagaan dhufte!
- Milkii gaarii!
- Nan badekaa! Na rukkutuuf!

Hubachiisa: Sirna tuqaalee keessaa tuqaan, mallattoon gaaffiifi raajeffannoon mallattoolee yaada xumuran jedhamanii beekamu. Kana jechuun himni mallattoolee kanneen booda dhufu qubee guddaan eegaluu qaba.

Shaakala 3

Himoota armaan gadii keessatti bakka barbaachisutti mallattoo raajeffannoo galchi.

1. Barumsi hundee guddinaati
2. Uggum Hojiin Waaqayyoo dinqiidha
3. Oromiyaan haa lalistu
4. Ajab Hojjaan isaa hammam dheerata
5. Wayyoo Na saamuuf kaa

5. Mallattoo Waraabbii

Mallattoon waraabbii barraaffama keessatti, keessumattuu barreeffama seenessamaa keessatti bal'inaan kan itti gargaaramnudha. Mallattoon waraabbii bakka lamatti qoodama. Isaanis, mallattoo waraabbii dachaafi mallattoo waraabbii qeenteedha.

5.1. Mallattoo Waraabbii Dacha (" ")

Mallattoon waraabbii dacha yaadni nama tokkon dubbatame kallattumaan osoo irraa hin hir'isiin yookaan osoo itti hindabaliin kan fudhatame ta'uu agarsiisuuf kan tajaajjiluudha.

Fkn.

- Barsiistuun keenya, "Boru daree keessan qulqulleeffadhaa," nuun jette.
- "Tokko elmattus, sagal elmattus kiyya qiraaciitti," jette adurreen.
- Boontuun, "Afaan Oromoo barachuun natti tola," jette.
- "Baradhee barsiisaa ta'uun barbaada," jedhe Galaasaan.
- Gammachuun, "Baradhee Injiinara ta'uun fedha," jedhe.
- "Maqaan kee eenyu?" jedhee na gaafate Mootiin.
- Tolasaan, "Uggum! Yaa bareeda ishee!" jedhee dinqisiifate.

Yaadannoo

i. Qubeen jalqabaa jecha jalqbaa waraabbii keessatti argamu qubee guddaa ta'a.

Fkn.

"Barri dhalootaa kee yoom?" jedhee na gaafate, Tolasaan.

ii. Mallattoo waraabbii dura yaadni (jechi) yoo jiraate jechichaafi mallattoo waraabbii jidduu qoodduutu gala.

Fkn.

Tolasaan, "Barri dhalootaa kee yoom?" jedhee na gaafate.

iii. Himni waraabbii keessa jiru gaaffii yoo ta'e mallattoo waraabbii dhumaa dura mallattoo gaaffitu gala. Yoo dinqisiifachuu ykn rifaatuu ykn dhaadannoo kan agarsiisu ta'e mallattoo raajeeffannootu gala. Haata'u malee, himni waraabame hima gaaffii ykn dinqisiifannaa yoo hintaaneefi mallattoo waraabbii isa dhumaa booda jechi/yaadni yoo jiraate/barreeffame mallattoo waraabbii isa dhumaa dura kara keessaantiin qoodduutu gala. Mallattoo waraabbii isa dhumaa booda jechi biroo yoo hinjiraanne garuu mallattoo waraabbii isa dhumaa dura gara keessaatiin tuqaatu gala.

Fkn.

- Boonaan, "Eessaa dhufte?" jedhee na gaafate. Yookiin "Eessa jiraatta?" jedhee na gaafate, Boonaan.
- "Eessaa dhufte?" jedhee na gaafate.
- Boontuun, "Afaan Oromoo barachuun natti tola,"jette.
- "Afaan Oromoo barachuun natti tola," jette Boontuun.
- Boontuun kan jette, "Afaan Oromoo barachuun natti tola."

5.2. Mallattoo Waraabbii Qeentee (' ')

Mallattoon waraabbii qeenxee yaada waraabbii dacha keessatti yaadni waraabame kan biroon jiraachuu agarsiisuuf gala.

Fkn.

- *"Barsiisaan keenya 'Boru qorunsa Afaan Oromoo qabdu' nuun jedhe,"jette Boontuun.*
- *'Walaloo ' Dumbul Bayii' jedhu beektaa ?" jettee na gaafatte Boontuun.*

Karaa biraatiin, mallattoon waraabbii qeentee barreeffama keenya keessatti jechi afaan biroo bifaafi hiika isaa osoo hinjijjiiriin akkuma jirutti yoo fudhanne itti fayyadamna.

Fkn.

- *Jechi 'International' jedhu hiikni isaa Afaan Oromootiin maali?*
- *Namoonni marii* 'Task Force' *irratti hirmaatan baay'eedha.*

Shaakala 4

Himoota armaan gadii keessatti bakka barbaachisutti mallattoo waraabbii dacha yookiin qeentee galchuun irra deebi'ii barreessi.

1. Ati eessatti dhalatte? jedhee na gaafate.
2. Tolaan, Kutaa 8^{ffa} gola B keessattan baradha, jedhee natti hime.
3. Barsiistuun, Fakkii qocaa kaasaa jettee nu ajajje , jette Daraartuun.
4. Waariyoon, Barana roobni ga'aan waan roobeef oomishni gaariin ni'argama, jedhe.

5. Ishoo! Baga nagaan dhufte! jettee dubbatte Marartuun.
6. Kan garaa malee kan maqaa yoom nudhibe, jette sareen.
7. Jechi Biology jedhu natti tola.
8. Aannan dhuguun jaalladha, jedhe Gurmuun.
9. Gurmuun, aannan dhuguun jaalladha, jedhe.
10. Haa taa'u, jedha jaldeessi dhagaa garagalchee.

6. Qoodduu Jabaa / Buufata Xiqqaa (;)

Qoodduu jabaan yeroo tokko tokko buufata xiqqaa jedhames nibeekama. Mallattoo kanas barreeffama keessatti yeroo baay'ee itti gargaaramna. Faayidaa qoodduu jabaa keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

a. Ciroowwan ofdanda'oo lama kan caasaan isaanii walqixa ta'e gidduu gala.

Fkn.

- Qaxaleen sirriitti qu'atti; gowween garuu nirafti.
- Tokko lafa lixe; tokko taa'ee hafe.
- Soddaan dhufe; bobbaan dhufe; kamtu hangafa ?
- Weennin nikorrisa; waraabessi niyuusa.
- Ani marqaan jaalladha; inni garuu, shorbaa jaallata.

b. Walqabsiistota himoota adda addaa walqabsiisan dura gala.

Fkn.

- Gara magaalaa Qeelloo dhaquu barbaadeen ture; haata'u malee, konkolaataa dhabeen osoo hindhaqiin hafe.
- Talaalliin daa'immaniif kennamu baay'ee barbaachisaadha; kanaafuu, namni kamuu daa'imman ofii talaalchisuu qaba.

Shaakala 5

Himoota armaan gadii keessatti iddoo barbaachisutti qoodduu jabaa galchuun irra deebi'ii barreessi.

1. Leenci foon nyaata weenniin garuu baala nyaata.
2. Tolaan nyaata barbaade haata'u malee, argachuu hindandeenye.
3. Roophiin bishaan keessa jiraata gafarsi garuu bosona keessa jiraata.

4. Yoo ciminaan hojjatan hiyyummaa keessaa ba'uun hinoolu waan kana ta'eef, hundi keenya jabaannee haa hojjannu.
5. Caaltuun uffata ishee miiccatte Caalaan garuu osoo hinmiiccatiin hafe.

7. Tuqlamee (:)

a) Tuqlameen hima tokko booda galuudhaan wantoota tarreeffamaniif karaa bana.

Fkn.

- Manguddoonni waan sadii jaallatu: aduu, oduufi adii.
- Namni jireenya isaa keessatti waan lama jibba: hiyyummaafi du'a.
- Isheen gabaa dhaqxee waan baay'ee bitte: buna, shukkaara, soogiddaafi qullubbii.

Yaadannoo

Bakka mallattoo tuqlamee jecha 'Isaanis "jedhu galchuu nidandeenya.

Fkn.

- Meeshaaleen manaa hedduudha: barcuma, minjaala, kursii, sireefi saanduqafaadha . YKN
- Meeshaaleen manaa hedduudha. Isaanis, barcuma, minjaala, kursii, sireefi saanduqafaadha . jechuu nidandeenya

b) Kana malees, tuqlameen sa'atiifi daqiiqaa addaan baasuuf tajaajila.

Fkn.

- Waaree dura sa'atii 4:00-4:15 tti yeroo boqonnaati.
- Inni kaleessa sa'atii 7:30 irratti Roobeerraa dhufe.

Shaakala 6

Himoota armaan gadii keessatti bakka barbaachisutti tuqlqmee galchi.

1. Kutaa 8ffaatti akaakuu barnootaa baay'ee baranna Afaan oromoo, Herrega, Fiiziksii, Keemistiriifi kkf…..

2. Oromiyaa keessa laggeen hedduutu jiru Awaash, Waabee, Dhidheessaafi kkf..
3. Weerara Koovid-19 ofirraa ittisuuf mala adda addaa fayyadamuu dandeenya harka wal fuudhuu dhiisuu, harka keenya yeroo yeroon saamunaan dhiqachuu, tuttuqqaa qqmqqrrqq fagaachuufi kkf….
4. Ardii Afirikaa keessa biyyoota hedduutu jiru Itiyoophiyaa, Keeniyaa, Sudaan Kubbaa, Naayijeeriyaa, Maalaawiifi kkf….

Keeyyata Barreessuu

Keeyyanni tuuta himootaati. Akkasumas, himni tokko qofaa isaas keeyyata tahuu danda'a. Kanaafuu, keeyyanni tuuta himootaa ta'ee himoonni wlaiin ta'uudhaan yaada ijoo tokko kan ibsanidha. Keeyyata tokko keessa hima ijoofi himoota callaatu argamu.

Himni Ijoo hima yaada ijoo keeyyatichaa ofkeessatti qabatudha.

Himni/ himoonni callaan immoo hima ykn himoota yaada hima ijoo keessa jiru tokkummaan babal'isudha.

Fakkeenya armaan gadii haa ilaallu

Weerarri Koovid-19 (Vaayiresii Koronaa) karaa adda addaa daddarbuu danda'a. Inni tokkoffaan, nama vaayiresii koronaatiin faalame yoo harka walf uudhuudhaan daddarba. Kana jechuun, namni fayyaa ta'e/taate tokko ofeeggannoo tokko malee nama vaayiresiin koronaa dhiiga isaa/ishii keessa jiru yoo harka fuudhe/te itti darbuu danda'a. Inni lammaffaan immoo, weerarri kun karaa hafuuraa daddarba. Kana jechuun, nama vaayiresiin koronaa dhiiga isaa keessa jiru wajjiin qaamaan yoo walitti dhiyaatan vaayiresichi hafuuraan gara nama fayyaatti darbuu danda'a. Karaan vaayiresiin koronaa namatti darbu inni sadaffaan immoo, meeshaa namni vaayiresiin koronaa dhiiga isaa keessa jiru itti fayyadame of eeggannoo malee yoo itti fayyadamne gara nama fayyaa taheetti darbuu mala. Walumaagalatti, vaayireesiin koronaa karaa adda addaa daddarba jechuun nidanda'ama .

Keeyyata armaan olitti dubbifte keessatti himni ijoofi himoonni callaan ni'jiru. Himni ijoo, "***Weerarri koronaa karaa adda addaa daddarbuu danda'a***," kan jedhudha.

Himoonni hafan kaan immoo himoota callaadha. Sababni isaas, himoonni kun tokkummaadhaan karaa vaayiresichi itti daddarbuu danda'u odeeffannoo kennu/ haasa'u.

Hubachiisa:

- Himni ijoo jalqabaafi dhuma ykn jalqabaa keeyyataa qofarratti argamuu nidanda'a. Keeyyata armaan olitti dubbiste keessatti himni ijoo jalqabaafi dhuma keeyyataarratti argama.
- Keeyyata barreessuun dura gumee qopheeffachuu qabna. Gumee jechuun karoora qopheeffachuu jechuudha.

Fakkeenyaa keeyyata armaan olitti barreeffame osoo hinbarreessiin dura haala armaan gadiin gumee qopheeffachuun ni danda'ama.

- karaa vaayiresichi itti daddarbu
- hafuuraan
- ofeeggannoo malee harka walfuudhuun
- walbira taa'uun/ waltuttuquun
- meeshaa tokko fayyadamuun…

Yaadannoo: Keeyyanni tokko hima ijoo tokkoo ol qabaachuu hindanda'u. Hima ijoo tokko qofa qaba. Sababni isaas, keeyyanni tokko hima ijoo tokkoo ol qaba jechuun yaada garagaraa qaba jechuu ta'a. Garuu himoota calla hedduu qabaachuu danda'a.

Amala Keeyyataa

Keeyyanni amaloota armaan gadii qaba:

- Keeyyanni barreeffamu tokko tokkummaa qabaachuu qaba. Kana jechuun himoonni keeyyata tokko keessa jiran tokkummaadhaan waanuma tokko qofa dabarsuu jechuudha.
- Keeyyanni tokko qindoomina qabaachuu qaba. Kana jechuun, yaadonni himoota callaan ibsaman duraa duuba sirrii ta'een walqabatanii yaa'uu qabu jehuudha.

Shaakala 7

Keeyyata armaan gadii keessaa hima ijoofi himoota calla baasi.

"Weerara Koovid-19 (Vaayiresii Koronaa) mala adda addaan ofirraa ittisuu nidandeenya. Malli inni jalqabaa, nama kamuu yommuu nagaa gaafannu harka fuudhuu dhiisuudha. Kana jechuun, nama kamuu fageenyumatti nagaa gaafachuun mala isa jalqabaati. Malli inni lammaffaa immoo, harka keenya yeroo yeroon saamunaafi bishaaniin dhiqachuun qulqullina harka keenya eeggachuudha. Malli sadaffaan, hanga danda'ametti hanga weerarichi darbutti manaa bahuu dhiisuudha. Kana malees, yeroo hunda meeshaalee kanneen akka haguuggii afaaniifi harkaa fayyadamuunis mala filatamaadha. Dabalataanis, alkooliifi sanitaayizerii yeroo yeroon harka keenyatti dibachuun nageenya keenya eeggachuu dandeenya."

Bamaqaa (Maqdhaala)

Bamaqaan akkuma maqaan isaa agarsiisu jecha bakka maqaa bu'ée tajaajiludha.

Fkn.

- Tolaan kitaaba dubbisa = Inni kitaaba dubbisa.

Hima armaan olii keesssatti jechi jala sararame bamaqaadha. Sababni isaas, maqaa ***Tolaa*** jedhu bakka bu'ee tajaajilee jira.

- Caaltuun kitaaba dubbiste= Isheen kitaaba dubbiste.

Hima armaan olii keessatti jechi '***Isheen***' jedhu bamaqaadha. Maqaa '***Caaltuun***' jedhu bakka bu'a.

- Tolaafi Caaltuun kitaaba dubbisan= Isaan kitaaba dubbisan.

Hima armaan olii keesssatis jechi '***Isaan***' jedhu bamaqaadha. Bakka maqaa 'Tolaafi Caaltuu' jedhu bakka bu'ee tajaajila.

Bamaqaaleen ramaddii sadiitti qoodamu. Isaanis, ramaddii 1ffaa, ramaddii 2ffaafi ramaddii 3ffaadha. Bamaqaaleen qeenxeefi baay'ina agarsiisanis nijiru.

- Ramaddii 1ffaa kanneen jedhaman ana, nu
- Ramaddii 2ffaa kanneen jedhaman si, isin

- Ramaddii 3ffaa kanneen jedhaman isa, ishee, isaan

Shaakala 8

Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararaman bamaqaa sirrii ta'een bakka buusii barreessi.

1. Magartuun aannan dhugde.
2. Duuressaan barataadha.
3. Boonsaafi Boontuun obboleeyyan.
4. Atiifi Caaltuun hiriyyoota.
5. Aniifi Mootiin laaqana nyaanna.

Gama biraatiin bamaqaaleen qabeenya agarsiisan nijiru.

Fkn.

- Boontuun obboleessa koo waamte.
- Nuti kitaaba keenya dubbisna.
- Caalaan obboleessa isaati.
- Caalaan obboleesa keessanidha.

Himoota armaan olii keessatti bamaqaaleen 'koo, keenya, isaa, keessan' jedhan qabeenya agarsiisu.

Bamaqaan hima keessatti bakka matimaafi aantimaatti yommuu argamu bifa adda addaa qabaata.

Fakkeenya, bamaqaa ramaddii tokkoffaa qeenxee (ana) fudhannee haa ilaallu.

- Ani barataadha. Inni ana rukkute.

Himoota lamaan armaan olii keessatti bamaqaan jala sararame ramaddii 1ffaa qeenxeedha. Hima 1ffaa keessatti bakka matimaatti argama. Hima 2ffaa keessatti garuu bakka aantimaatti argama. Kanaafuu, bamaqaaleenbakka matimaafi aantimaatti yommuu argaman bifa garaagaraa qabaatu. Gabatee armaan gadii keessatti bifa bamaqaaleen bakka matimaatti ykn aantimaatti qabaatan haa ilaallu.

Bakka matimaaatti yommuu argaman	Bakka aantimaaatti yommuu argaman
Ani, Nuyi, Ati, Isin, Inni, Isheen, Isaan	Ana, Nu, Si, Isin, Isa, Ishee, Isaan

Shaakala 9

Bamaqaalee hammattuu keessa jiru keessaa kan sirrii tahe filadhuu bakka duwwaarratti barreessi

1. _____ aannan dhugde. (Isa, Inni)
2. Duuressaan _____waame. (isheen, ishee)
3. _____ obboleeyyan. (Isaan, Ani)
4. Boonaan _____ eebbise. (ati, si)
5. _____ laaqana nyaanna. (Nu, Nuyi)

Hima

Himni tuuta jechootaa ta'ee jechoonni walitti qindaa'anii ergaa (dhaamsa) guutuu kan dabarsudha.

Fkn.

- Tolaan aannan dhuge.
- Toltuun mana ijaarte.

Himoonni armaan olii kun ergaa guutuu kan dabarsanidha. Himni dirqamatti matimaafi gochima of keessaa qabu. Gochima jechuun xumura jechuudha; matimni immoo isa dur gulummoo jedhamee beekamudha.

Fkn:

Tolaan biqiltuu dhaabe. Hima kana keessatti 'Tolaan' matima yommuu tahu 'dhaabe' kan jedhu immoo gochimadha.

Hima keessatti bakka matimaatti kan galu maqaadha; bakka gochimaa kan galu immoo gochima ykn xumuradha.

Maqaaleen bakka matimaatti yommuu galan maxxantuu garaagaraa ofitti maxxanfatu.

Fkn.

- Tolaa**n** biqiltuu dhaabe.
- Nama**ni** mana keessa jiraata.
- Fard**i** marga dheeda.

Himoota sadan armaan olii keessatti maqaaleen akka matimaatti tajaajilan maxxantuu –n, -ni, -i ofitti maxxanfataniiru.

Shaakala 10

Himoota armaan gadii keessatti maqaalee bakka matimaatti argamaniif maxxantuu (-n, -ni, -i) itti maxxansuun sirreessii barreessi.

1. Abdiisaa barsiisaa Afaan Oromooti.
2. Arba bineensa guddaadha.
3. Waraabessa foon soorachuun jiraata.
4. Ijoollee tapha jaallatu.
5. Nama cimee hojjete hiyyummaa mo'ata.

Hima tokko keessatti maqaaleen bakka aantimaatti argamuunis tajaajila nikennu. Aantima jechuun kan gochi tokko irratti raawwatame jechuudha. Matimni immoo kan gochicha raawwatudha.

Fkn.

- Tolaan kitaaba dubbisa. Daraartuun mana bitte.

Himoota armaan olii lamaan keessatti jechoonni jala sararaman aantimadha. Aantimni hima keessatti gochi ibsame sun kan irratti raawwatame agarsiisa.

Haaluma kanaan, hima 1ffaa keessatti gochi dubbisuu sun kan irratti raawwatame kitaabadha. Kanaafuu, kitaaba kan jedhu aantimadha. Hima 2ffaa keessatti immoo gochi bituu kan raawwatame mana irrattidha. Kanaafuu jechi 'mana' jedhu aantimadha.

Akka waliigalaatti caasaan hima Afaan Oromoo (matima __aantima___gochima) ta'a

Akaakuu Himaa

Himoota caasaa isaan qabaniifi tajaajila isaaniirraatti hundoofnee bakka garagaraatti qooduu dandeenya

Haaluma kanaan, bu'uura caasaatiin himoota Afaan Oromoo bakka garagaraatti qooduu dandeenya. Isaanis, hima salphaa, hima dachaa, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa jechuu dandeenya. Gama tajaajila isaaniitiin immoo bakka afuritti qoodamu. Isaanis, himamsa, ajaja, gaaffii, raajeffannoodha.

Akaakuu Himaa Caasaa Isaan Qabaniin

a. Hima Salphaa (Simple Sentence)

Himni salphaa hima ergaa tokko qofa qabudha. Kana jechuunis, himni salphaa hima gochima/xumura tokko qofa ofkeessaa qabudha.

Fkn.

- Tolaan mana ijaare.
- Tolaaf Tolasheen kaleessa guyyaa gara magaalaa Adaamaa deeman.
- Gaaddisaan, akaakayyuun Gurmuu, Bitootessa 15 bara 1945 dhalate.

Himoonni armaan olii hundi isaanii hima salphaadha. Marti isaanii gochima tokko tokko qofa ofkeessaa qabu. Hundi isaanii ergaa tokko tokko qofa qabu.

Gabaabumatti

- Hima 1ffaa keessatti gochimni jiru 'ijaare' kan jedhu qofaadha. Kanaafuu, ergaan jirus tokko qofadha.
- Himni 2ffaas gochima tokko qofa qaba. Innis 'deeman' kan jedhudha.
- Himni 3ffaas gochima 'dhalate' jedhu qofa of keessaa qaba. Ergaa tokko qofa qaba jechuudha.

Walumaagalatti, himni salphaa gochima tokkoofi ergaa tokko qofa kan ofkeessaa qabudha.

b. Hima Dachaa (Compound Sentence)

Himni dachaa immoo ciroo ofdanda'oo lamaafi lamaa ol ofkeessaa qaba.

Fkn.

- Tolaan irbaata nyaatee rafe.

Hima kana keessa gochima lamatu jiru. Isaanis, 'nyaate' kan jedhuufi 'rafe' kan jedhudha. Kanaafuu ergaa lamatu jira jechuudha.

C. Hima Xaxamaa (Complex Sentence)

Himni xaxamaan immoo ciroo ofdanda'aa tokkoofi ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol ofkeessaa qabudha.

Fkn.

- Yommuu mana barnootaa dhaqxu, na waami.
- Yoo jabaattee qu'atte, qabxii gaarii argatta.
- Yoo argattes, yoo dhabdes, amala kee hinjijjiiriin.

Himoonni armaan olii sadanuu hima xaxamaadha. Hundi isaanii ciroo ofdanda'aafi ciroo hirkataa ofkeessaa qabu. Kanaafuu himni xaxamaa ciroo ofdanda'aafi ciroo hirkataa irraa kan ijaaramudha.

Shaakala 11

Himoota armaan gadii hima salphaa, dacha ykn xaxamaa ta'úu isaanii adda baasi.

1. Hiddi walgargaartee arba hiiti.
2. Gaaddisaan qaama dhiqatee rafe.
3. Shan elmamus, sagal elmamus, keenya qicaatti.
4. Yoo waliigalan alaa galu.
5. Dhugumaan midhaan facaase.
6. Ganameen , intalli obbo Gaaddisaa, barattuudha.
7. Abdiisaafi Abdiin kaleessa warra isaaniif bishaan waraaban.
8. Waan ganamaan manaa ba'eef, konkolaataa qaqqabate.

9. Elemoon horii bobbaase.
10. Gurmuun Kamisee keessa jiraata.

Akaakuu Himaa Tajaajila Isaaniin

a. Hima Himamsaa

Himni himamsaa akaakuu himaa keessaa tokko ta'ee kan odeeffannoo kennuuf fayyadudha. Himni himamsaa himoota dhumarratti tuqaa fudhatan keessaa issa tokkodha.

Fkn.

- Godinni Baalee oomisha qamadiin beekamtuudha.
- Tolaan kaleessa biyya allaarraa gale.
- Gammachuun barsiisaa ta'e.

Himoonni armaan olii hundi isaanii hima himamsaati. Hundi isaanii odeeffannoo dabarsuuf tajaajilu.

b. Hima Gaaffii

Himni gaaffii odeeffannoo barbaaduuf akaakuu himaa itti fayyadamnudha. Hima gaaffii dhumarratti mallattoo gaaffiitu gala.

Fkn

- Yoom dhalatte?
- Kaleessa maal nyaatte?
- Maqaan barsiisaa Afaan Oromoo eenyu?

Himoonni armaan olii hundi himoota gaaffiiti. Odeeffannoo barbaaduuf itti fayyadamne. Dhumarratti mallattoo gaaffiitu jira.

c. Hima Raajeffannoo

Himni raajeffannoo waan tokko raajeffachuuf, dinqisiifachuuf, jajuuf, akkasumas, rifaatuu agarsiisuuf kan itii fayyadamnudha. Dhuma hima raajeffannoorratti mallattoo raajeffannootu gala.

Fkn

- Ajab! Hammam dheerata!
- Nan badekaa! Na rukkutan!

Shaakala 12

Himoota armaan gadii hima himamsaa, hima gaaffii, ykn hima raajeffannoo ta'uu adda baasuun barreessi.

1. Namni bishaan malee jiraachuu hindanda'u.
2. Kutaa meeqa baratta?
3. Wayyoo! Nan badekaa!
4. Barumsi hundee guddinaati!
5. Qorumsi semisteera 2ffaa yoom kennama?
6. Leenci foon soorachuun jiraata.

Gaalee

Gaaleen walitti qindoomina jechootaa ta'ee hiika yaadrimee kan nuuf kennudha.

Fkn

- mana bal'aa , nama gaarii, dheertuu bareedduu, sangaa coomaa, hoolaa Horroo…

Gaaleen jecha mataa qindoominicha keessa jirurratti hundaa'uun bakka garaagaraatti qoodamu.Isaanis, gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee gochimaa, gaalee durduubeefi kkf…

a. Gaalee Maqaa

Gaaleen kan jechi mataa maqaa(caasaa maqaa) yookiin bamaqaa ta'edha.

Fkn

Gaaddisaan <u>mana bal'aa</u> ijaare.

- Abbaan koo <u>siree sibiilaa</u> naaf bite.
- Ayyaanarratti <u>sangaa gabbataa</u> qalatan.
- Culuqqeen <u>lukkuu foonii</u> horsiisa.

Gaalewwan armaan olii hundi isaanii gaalee maqaadha.

b. Gaalee maqibsaa

Gaaleen maqibsaa gaalee mataan isaa maqibsa ta'edha.

Fkn

- Caaltuun baay'ee dheertuudha.
- Sangaa diimaa gabbataa bite.
- Inni harree gurraacha dheeraa arge.
- Leenseen dheertuu lookoodha.

Gaalewwan armaan olitti jala sararaman hundi isaanii gaalee maqibsaati. Jechi mataa gaalee keessa jiru maqibsadha.

c. Gaalee Durduubee

Durduubee kan jedhamu kan kanaan dura firoomsee jedhamee waamamudha. Gaaleen durduubee kan mataan isaa durduubee ta'edha.

Fkn

- Inni fardaan waraana dhaqe.
- Tolaan meeshaadhaan na rukkute.
- Weenniin mukarra taa'a.
- Jabbii mukatti hiite.

Gaalewwan armaan olitti jala sararaman hundi gaalee durduubeeti.

d. Gaalee Gochimaa

Gaaleen gochimaa kan jecha mataa gochima ta'e ofkeessaa qabudha.

Fkn

- Tolaan aannan dhuge.
- Tolaan gara Adaamaa deeme.
- Inni sangaa diimaa gabbataa bite.
- Weenniin mukarra taa'a.

- Toltuun sa'a gaadite.

Himoota armaan olii keessatti qaamni jala sararame gaalee gochimaati. Kutima ta'uus nidanda'u. Ergaa guutuu dabarsuu nidanda'u jechuudha.

Shaakala 13

Himoota armaan gadii keessatti kan jala sararme gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubee yookaan gaalee gochimaa ta'uu adda baasii barreessi.

1. Tolaan akka abbaa isaa gootadha.
2. Magartuun marqaa garbuu qopheessite.
3. Inni gottoodhaan muka mure.
4. Margaan biqiltuu dhaabe.
5. Sangichi muka jala ciisa.
6. Isaan gara Adaamaa deeman.
7. Soorettiin buna danfiste.
8. Boonaan intala magaale bareedduu fudhe.

Faayidaa Qubee Guddaa

Qubee guddaafi qubee xiqqaa barreeffama keessatti bakka itti fayyadamnu qabna. Barreeffama keenya keessatti akkuma feenetti qubee guddaafi qubee xiqqaa walkeessa maknee barreessuu hinqabnu. Bakka qubee guddaa fayyadamuu qabnutti qubee guddaa fayyadamuu qabna. Bakka qubee xiqqaa fayyadamuu qabnutti immoo qubee xiqqaa qofa fayyadamuu qabna.

Barreeffama keenya keessatti qubee guddaa iddoowwan armaan gadiitti fayyadamuuf dirqamna.

a. Himni haaraan qubee guddaan jalqaba.

Fkn. Bishaan lubbu qabeeyyii hundaaf nibarbaachisa.

b. Qubeen jalqabaa maqaa namaa qubee guddaa ta'uu qaba. Kana jechuunis, maqaa namaa yommuu barreessinu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.
   Fkn. Badhaasaa , Daalachoo, walalii, Gammadaa, Jiituu, Magartuu, Abdannaa

c. Qubeen jalqabaa guyyoota torbanii qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn. Wixata, Kibxata, Roobii, Kamisa, Jimaata, Sambata, Dilbata

d. Maqaan baatiiwwan waggaa keessa jiranii yommuu barreeffaman qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn. Fulbaana, Onkoloolessa, Sadaasa, Mudde, Amajji,Gurraandhala, Bitootessa, Eebla, Caamsaa, Waxabajjii, Adoolessa, Hagayya.

e. Maqaan biyyootaa, kutaa biyyaa, magaalotaa, gandootaafi kkf.. yommuu barreeffamu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn. Afirikaa, Itoophiyaa, Oromiyaa, Jibaat, Baatuu…

f. Maqaan laggeeniifi gaarreen addaddaa yommuu barreeffamu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn. Laga Dhidheessaa, Takkazee, Tulluu Diimtuu, Gaara Cilaaloo, Laga Mogor..

g. Maqaan afaanotaafi sabootaa yommuu barreeffamu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn. Afaan Oromoo, Afaan Ingilizii, Afaan Amaaraa, Oromoo, Amaara , Guraagee…..

h. Maqaa akaakuu barumsaa yommuu barreessinu qubeen jalqabaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn. Fiiziksii, Keemistirii, Herrega, Afaan Oromoo, Baayooloojii….

i. Qubeen jalqabaa dhaabbilee mootummaafi, mitimootummaa qubee guddaa ta'uu qaba.

Fkn.

- Ministeera Barnootaa
- Yunivarsiitii Amboo
- Waldaa Qaxxaamura Diimaa
- Mana Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa Dannabaa

Shaakala 14

Himoota armaan gadii keessatti bakka dogoggorri qubee guddaa jiru sirreessuun barreessi.

1. magaalaan asallaa godina arsii keessatti argama.
2. lagni waabee guddaadha.
3. abdiisaan barataa cimaadha.
4. daraartuufi boontuun kutaa 8ffaa baratu.
5. ministeerri barnootaa finfinnee keessatti argama.
6. guddataan gaafa roobii dhalate.
7. isheen fulbaana 19, 1997 dhalate.
8. gaafa jimaataafi dilbataa natti tola.
9. waldaan qaxxaamura diimaa hojii tola ooltummaa hedduu hojjataa jira.
10. afaan oromoo barachuun natti tola.

Jechama

Jechamni afoola Oromoo keessaa isa tokkodha. Jechamni kan jechoota lama yookiin jechoota lamaa olirraa ijaarame ta'ee hiika jechoonni qofa qofaatti qabaniin ala kan qabudha.

Fkn: Guduruu haaddate = guddate, jabaate

Dorrobaa qale = rakkaate

Gurra mure = gowwoomse

Haaluma fakkeenya armaan oliirraa agarnitti gura muruu jechuun hiikni isaa gurraa irraa kutuu osoo hintaane hiika gowwoomsuu jedhu qaba. Dorrobaa qale jechuunis dhaltii rimaa qale jechuu osoo hintaane hiika rakkoote jedhu qaba.

Jechamoota armaan gadiifi hiika isaanis ilaali.

- Jilba qabate = kadhate
- Cirracha lakkaa'e = hojii hike
- Quba of ciniine =aare
  Garaan taa'e = ulfoofte

Bineensa ganamaa = jarjaraa
Arraba qaba = dubbachuu danda'a
Mooyyee fakkaata = furdaa
Qubee lakkaa'e = barate
Ija ofii arge = ilmoo godhate/dhalche
Ilkaan qare = du'uuf ka'e
Dallaa hirkise = hiyyoome
Miila beela'a = deemsa jaalata
Gorra hodhe = basaase
Barcuma guutte = heerumaaf geese
Gufuu balbalaa = inaaftuu/waanyituu
Garaan na ciise = nan gammade
Bobbaa loonii = ganama

Shaakala 15

Hiika jechamoota armaan gadii barreessi.

1) Sabbata hiikkatte = _____
2) Ibiddi baheef =_____
3) Funyaan bira =_____
4) Cilee dibe =_____
5) Quba kaa'e =_____
6) Nyaara haaddattee =_____
7) Harka wayaa jalaan =_____
8) Kaarruu saree =_____
9) Mana bahe =_____
10) Gurra jabaata =_____

Garee Jechootaa

Jechoota tajaajila isaan kennanirratti hundoofnee bakka addaddaatti qoodamu: maqaa, maqibsa, gochima, gochibsa, durduubeefi kkf…

1. Maqaa

Maqaan moggaasa namaaf, bakkaaf, wantootaaf, bineeldotaafi kanneen kana fakkaataniif kennamudha.

Fkn.

Jimma, Boonaa, hoolaa, saree, laga, barumsa, qalbii…..

Maqaan bakka addaddaatti qoodama. Isaanis, maqaa dhuunfaa, maqaa walee, maqaa killayyaa, maqaa gareefi kkf…

1.1 Maqaa Walee

Maqaan walee kan wantoonni, namoonni, bakkeewwan, beeladoonniifi kkf. waliin ittiin waamamanidha.

Fkn.

saree, muka, nama, harree, laga, tulluu, bishaan, buddeena….

Fakkeenya kanarraa akkuma hubatamutti maqaaleen armaan olii maqaa waleeti. Fakkeenyaaf, jecha ' laga ' jedhu yoo ilaalle laggeen bakka hunda jiran marti lagadha. Kanaafuu, jechi kun maqaa waleeti.

1.2. Maqaa Dhuunfaa

Maqaan dhuunfaa kan namni tokko, wanti tokko, lagni tokko, biyyi tokkoofi kanneen kana fakkaatan dhuunfaadhaan ittiin waamamanidha.

Fkn.

- Tolaa, Bokkuu, Jiraataa, Dheeressaa
- Laga Waabee, Laga Dhidheessaa, Laga Takkazee
- Jimmaa, Roobee, Naqamtee, Dodolaa….
-

2. Maqibsa

Maqibsi garee jechaa keessaa isa tokkodha. Maqibsi maqaa booda galuudhaan odeeffannoo dabalataa waa'ee maqaa sanaa kan kennudha. Kana jechuun, maqibsi

maqaa booda galuudhaan amala, bifa, hangaafi kkf waa'ee maqaa sanaa kan odeeffannoo kennudha.

Fkn.

dheeraa, diimaa, dheedhii, abshaala, dheeraa, furdaa, huqqataa, collee, daagii, hamaa, bal'aa…..

- Inni ulee dheeraa qabata.
- Tolaan uffata diimaa bitate.
- Inni foon dheedhii nyaachuu hinjaallatu.
- Fardacollee yaabbata.
- Inni mana bal'aa qaba.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman hundi maqibsadha. Jechoonni kunniin maqaalee isaan dura jiru ibsu jechuudha.

Shaakala 16

Himoota armaan gadii keessaa jecha maqibsa ta'e adda baasii barreessi.

1. Inni intala miidhagduu fuudhe.
2. Tolaan bishaan qorraa dhuguu jaallata.
3. Dabalaan buna ho'aa dhuguu jaallata.
4. Nama gabaabaa ijoolleen hiriyaa seeti.
5. Aannan sa'a gurraachaa dhuguun natti tola.
6. Siddiseen barattuu qaxalee wajjiin baratti.
7. Bishaan taliila dhuge.
8. Muka jiidhaa mure.
9. Inni uffata magariisa uffachuu jaallata.
10. Nama gaarii wajjiin jiraachuun nama gammachiisa.

3. Gochima

Gochimni garee jechaa keessaa tokkodha. Gochimni hima Afaan Oromoo keessatti jecha gocha ykn raawwii ta'e tokko kan agarsiisudha.

Fkn.

- Inni aannan ***dhuge***.
- Waraabessi ***du'e.***
- Sangaan beellada*dha*
- Tolaan bishaan ***waraabe.***
- Kitaabni kun kan koo***ti.***

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman hundi gochimootadha. Sababni isaas, gocha ta'e tokko himu waan ta'eefidha.

Caasaa hima Afaan Oromoo keessatti gochimni yeroo hedduu dhuma himaarratti argama.

Fkn.

- Tolaan sangaa gurgure.
- Caaltuun barsiistuudha.
- Kitaabni kun kan isaati.

Himoota armaan olii keessatti jechoonni jala sararaman gochimadha.

Shaakala 17

Himoota armaan gadii keessaa jecha gochima ta'e adda baasii barreessi.

1. Tolaan seenaa ummata isaa qu'ata.
2. Magartuun adaadaa kooti.
3. Inni barsiisaadha.
4. Inni isa waame.
5. Gaaddisaan boru dhufa.

4. Gochibsa

Gochibsi garee jechaa keessaa tokkodha. Gochibsi akkuma maqaa isaarraa hubannutti gocha ibsa. Kana jechuun, gochibsi hima keessatti gochima dura galuudhaan haala ykn akkaataa gochi itti raawwatame, yeroo gochi itti raawwatame,

bakka yeroon itti raawwatameefi irra deddeebii gochi ibsame ittiin raawwatame kan agarsiisudha.

Fkn.

- Dammeen ***suuta*** dubbatti
- Qeerransi ***ariitiin*** utaale.
- Guddataan ***boru*** dhufa.
- Manni barnootaa keenya ***Fulbaana 2,1975*** hundeeffame.
- Tolasaan ***guyyuu*** nifiiga.
- Inni ***darbee darbee*** dhufa.

DEEBII SHAAKALOOTAA

Shaakala 1

1. balaa
2. baala
3. soddaa
4. saame
5. same
6. lafa
7. daara
8. daaraa
9. garaa
10. gaara
11. hamate
12. hammate
13. qalatan
14. qallatan

Shaakala 2

Himoota armaan gadii keessatti mallattoo qoodduu bakka barbaachisutti galchuun irra deebii barreessi.

1. Kitaaba, dabtara, kobbiifi galmee jechootaa abbaa kootu naaf bite.
2. Obbo Tolasaan harroota, re'oota, hoolota, lukkuuwwaniifi faradoo horsiisa.
3. Isheen Onkoloolessa 19, 2005 eebbifamte.
4. Adaabbaa, Dodolaa, Kokkosaa, Nansaboo, Kofaleefi Qoreen aanaalee godina Arsii Lixaa keessatti argamanidha.
5. Finfinneerraa kaanee gara Dambidoolloo yommuu deemnu magaalota Amboo, Geedoo, Baakkoo, Naqamteefi Gimbii keessa qaxxaamurra.
6. Inni Hagayya 24, 1998 dhalate.
7. Inni waan ciminaan hojjateef, qarshii baay'ee argate.

8. Barumsa malee guddachuun hindanda'amu. Kanaafuu, lammiin keenya hundi haa baratu.
9. Aadde Kuulaniin, adaadaan Lalisee, daldaltuu beekamtuudha.
10. Tolaan, " Ani boru hindhufu," jedhe.
11. Yoo jabaatanii hojjachuu baatan, iyyummaan nama dhaalti.
12. Afaan koo eenyummaa kooti. Waan kana ta'eef, kunuunsuufi guddisuun dirqama kooti.
13. Inni sagantaa baafatee waan qu'ateef, barumsa isaatti qaxalee ta'e.
14. Baacaan, " Afaan Oromoo barachuun natti tola," jedhe.
15. Magarsaa, Tola, Waariyoo, Tulluu, Guutaafi Badhaaneen barattoota kutaa 8ffaati.

Shaakala 3

Himoota armaan gadii keessatti bakka barbaachisutti mallattoo raajeffannoo galchi.

1. Barumsi hundee guddinaati!
2. Uggum! Hojiin Waaqayyoo dinqiidha!
3. Oromiyaan haa lalistu!
4. Ajab! Hojjaan isaa hammam dheerata !
5. Wayyoo! Na saamuuf kaa!

Shaakala 4

Himoota armaan gadii keessatti bakka barbaachisutti mallattoo waraabbii dacha yookiin qeentee galchuun irra deebi'ii barreessi.

1. "Ati eessatti dhalatte ?" jedhee na gaafate.
2. Tolaan, "Kutaa 8^{ffa} gola B keessattan baradha," jedhee natti hime.
3. "Barsiistuun, 'Fakkii qocaa kaasaa' jettee nu ajajje," jette Daraartuun.
4. Waariyoon, "Barana roobni ga'aan waan roobeef oomishni gaariin ni'argama," jedhe.
5. "Ashuu ! Baga nagaan dhufte!" jettee dubbatte Marartuun.

6. "Kan garaa malee kan maqaa yoom nudhibe," jette sareen.
7. Jechi 'Biology' jedhu natti tola.
8. "Aannan dhuguun jaalladha," jedhe Gurmuun.
9. Gurmuun, "Aannan dhuguun jaalladha," jedhe.
10. "Haa taa'u," jedha jaldeessi dhagaa garagalchee.

Shaakala 5

Himoota armaan gadii keessatti iddoo barbaachisutti qoodduu jabaa galchuun irra deebi'ii barreessi.

1. Leenci foon nyaata; weenniin garuu baala nyaata.
2. Tolaan nyaata barbaade; haata'u malee, argachuu hindandeenye.
3. Roophiin bishaan keessa jiraata; gafarsi garuu, bosona keessa jiraata.
4. Yoo ciminaan hojjatan hiyyummaa keessaa ba'uun hinoolu; waan kana ta'eef, hundi keenya jabaannee haa hojjannu.
5. Caaltuun uffata ishee miiccatte; Caalaan garuu osoo hinmiiccatiin hafe.

Shaakala 6

Himoota armaan gadii keessatti bakka barbaachisutti tuqlqmee galchi.

1. Kutaa 8ffaatti akaakuu barnootaa baay'ee baranna: Afaan oromoo, Herrega, Fiiziksii, Keemistiriifi kkf…..
2. Oromiyaa keessa laggeen hedduutu jiru: Awaash, Waabee, Dhidheessaafi kkf..
3. Weerara Koovid-19 ofirraa ittisuuf mala adda addaa fayyadamuu dandeenya: harka wal fuudhuu dhiisuu, harka keenya yeroo yeroon saamunaan dhiqachuu, tuttuqqaa qqmqqrraa fagaachuufi kkf….
4. Ardii Afirikaa keessa biyyoota hedduutu jiru: Itiyoophiyaa, Keeniyaa, Sudaan Kubbaa, Naayijeeriyaa, Maalaawiifi kkf….

Shaakala 7

Hima Ijoo= Weerara Koovid-19 karaa adda addaa ofirraa ittisuu dandeenya

Himoota calla= Himoota hafan hunda

Shaakala 8

Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararaman bamaqaa sirrii ta'een bakka buusii barreessi.

1. Inni aannan dhugde.
2. Inni barataadha.
3. Isaan obboleeyyan.
4. Isin hiriyyoota.
5. Nuyi laaqana nyaanna.

Shaakala 9

Bamaqaalee hammattuu keessa jiru keessaa kan sirrii tahe filadhuu bakka duwwaarratti barreessi

1. Inni aannan dhugde. (Isa, Inni)
2. Duuressaan ishee waame. (isheen, ishee)
3. Isaan obboleeyyan. (Isaan, Ani)
4. Boonaan si eebbise. (ati, si)
5. Nuyi laaqana nyaanna. (Nu, Nuyi)

Shaakala 10

Himoota armaan gadii keessatti maqaalee bakka matimaatti argamaniif maxxantuu (-n, -ni, -i) itti maxxansuun sirreessii barreessi.

1. Abdiisaan barsiisaa Afaan Oromooti.
2. Arbi bineensa guddaadha.
3. Waraabessi foon soorachuun jiraata.
4. Ijoolleen tapha jaallatu.
5. Namni cimee hojjete hiyyummaa mo'ata.

Shaakala 11

Himoota armaan gadii hima salphaa, dacha ykn xaxamaa ta'úu isaanii adda baasi.

1. Hiddi walgargaartee arba hiiti. = Hima Dachaa
2. Gaaddisaan qaama dhiqatee rafe. = Hima Dachaa

3. Shan elmamus, sagal elmamus, keenya qicaatti. = Hima xaxamaa
4. Yoo waliigalan alaa galu. = Hima dachaa
5. Dhugumaan midhaan facaase. = Hima Salphaa
6. Ganameen , intalli obbo Gaaddisaa, barattuudha. = Hima Salphaa
7. Abdiisaafi Abdiin kaleessa warra isaaniif bishaan waraaban. = Hima Salphaa
8. Waan ganamaan manaa ba'eef, konkolaataa qaqqabate. = Hima Salphaa
9. Elemoon horii bobbaase. = Hima Salphaa
10. Gurmuun Kamisee keessa jiraata. = Hima Salphaa

Shaakala 12

Himoota armaan gadii hima himamsaa, hima gaaffii, ykn hima raajeffannoo ta'uu adda baasuun barreessi.

1. Namni bishaan malee jiraachuu hindanda'u. =Himamsa
2. Kutaa meeqa baratta? = Gaaffii
3. Wayyoo! Nan badekaa! = Raajeffannoo
4. Barumsi hundee guddinaati! = Raajeffannoo
5. Qorumsi semisteera 2ffaa yoom kennama? = Gaaffii
6. Leenci foon soorachuun jiraata. Himamsa

Shaakala 13

Himoota armaan gadii keessatti kan jala sararme gaalee maqaa, gaalee maqibsaa, gaalee durduubee yookaan gaalee gochimaa ta'uu adda baasii barreessi.

9. Tolaan <u>akka abbaa isaa gootadha.</u> = Gaalee Gochimaa
10. Magartuun <u>marqaa garbuu</u> qopheessite. = Gaalee Maqaa
11. Inni <u>gottoodhaan</u> muka mure. = Gaalee Durduubee/ Firoomsee
12. Margaan <u>biqiltuu dhaabe</u>. = Gaalee Gochimaa
13. Sangichi <u>muka jala</u> ciisa.= Gaalee Drduubee/ Firoomsee
14. Isaan <u>gara Adaamaa</u> deeman. = Gaalee Durduubee
15. Soorettiin <u>buna danfiste</u>. = Gaalee Gochimaa
16. Boonaan intala <u>magaale bareedduu</u> fudhe. = Gaalee Maqibsaa

Shaakala 14

Himoota armaan gadii keessatti bakka dogoggorri qubee guddaa jiru sirreessuun barreessi.

1. Magaalaan Asallaa Godina Arsii keessatti argama.
2. Lagni Waabee guddaadha.
3. Abdiisaan barataa cimaadha.
4. Daraartuufi Boontuun kutaa 8ffaa baratu.
5. Ministeerri Barnootaa Finfinnee keessatti argama.
6. Guddataan gaafa Roobii dhalate.
7. Isheen Fulbaana 19, 1997 dhalate.
8. Gaafa Jimaataafi Dilbataa natti tola.
9. Waldaan Aaxxaamura Diimaa hojii tola ooltummaa hedduu hojjataa jira.
10. Afaan Oromoo barachuun natti tola.

Shaakala 15

Hiika jechamoota armaan gadii barreessi.

1. Sabbata hiikkatte = Heerumte
2. Ibiddi baheef =Gaa'ela godhatte
3. Funyaan bira =Dhiyoo/ kaluu
4. Cilee dibe = Maqaa balleesse
5. Quba kaa'e = Niqaanesse/salphise
6. Nyaara haaddattee = Guddis baddee/ kan safuu hinbeekne
7. Harka wayaa jalaan = Dhoksaan
8. Kaarruu saree = Fokkisaa
9. Mana bahe = Niitii fuudhee warra isaa irraa qofaatti bahe/mana ijaarratee itti gale
10. Gurra jabaata = Salphaatti hindhaga'u/ nidaddabarsa jechuudha

Shaakala 16

1. miidhagduu
2. qorraa
3. ho'aa

4. gabaabaa
5. gurraachaa
6. qaxalee
7. taliila
8. jiidhaa
9. magariisa
10. gaarii

Shaakala 18

7. qu'ata.
8. -ti.
9. -dha.
10. waame.
11. dhufa.